Seerri Nagaa Namaa Eegaa– Nagaa Keessan Akka Eegnu Nugargaara

Baga Gara Iskootilaand Nagaan Dhuftan

# Akeektuu Gara Seera Iskootis

**Projektii qaamota armaan gadii wajjiin irratti hojjetamu**
HND Tajaajila Seera baratootaa Koolejji Hara laanarikiShiree,
Biiroo Kirawwan fi Tajjajila Fissikal Pirookutaar
fi Poolisii Iskootilaand.

New College Lanarkshire

CROWN OFFICE & PROCURATOR FISCAL SERVICE
SCOTLAND'S PROSECUTION SERVICE

POLICE SCOTLAND
Keeping people safe

## Galata

Maxxansaan kitaaba xiqaa kanaa gargaarsaa fi hirmaanaa qaamoota armaan gadii Kana malee dhugaa ta'uu hin danda'u ture:

Koolejji Hara laanarikiShiree

Biiroo Kirawwan fi Tajjajila Fissikal Pirookutaar

Poolisii Iskootilaand

Kaawunsilii Boqattootaa Iskootish

Networkii Atoomsama Maryhill

Sagantaa Biirijiidha

**Kallattiidhaan qaamonni galata qaban:**

The Rt Hon. Frank Mulholland QC, Faarsaa Gooftaa

HND Tajaajilootaa Seeraalee baratootaa

Eleanor Lafferty *(Barsiisa Seeraa, Koolejji Hara laanarikiShiree)*

Mairi Nicolson *(Duursaa Karikulamii fi Qulqulinaa, Koolejji Hara laanarikiShiree)*

Karen Yuill *(Geggeessaa Projektii fi Duursaa Garee)*

Lauren Miller *(Duursaa Garee)*

Nicolle Walker *(Duursaa Garee)*

Sarah Thirrouze *(Hojii Aartii Fakkii fi Duursaa Garee)*

Gemma Wallace *(Hojii Aartii Fakkii)*

Josh Kirkland *(Walqunnamtii Maxansootaa)*

Amber Rafferty *(Dizaayinii Fuula Duuraa)*

Gary Stark *(Dizaayinara Fakkii, Koolejji Hara laanarikiShiree)*

John Kyle *(COPFS)*

Peter McClelland *(COPFS)*

Gertie Wallace *(COPFS)*

Dario d'Andrea *(Poolisii Iskootilaand)*

Gargaarsa fi qophii kitaaba xiqoo kanaaf kan gumaachan ummata bakka baqatoota Iskootilaand jiraniifis galata kennina.

**Gara biyya keenya dhufuu keessaniif isin simachaa fi jiruun hara Iskootilaandii kessaa waan gaarii hunda isiniif ta'u hawwina.**



## Gara Fuulduraa



Namoota gara Iskootilaand dhufaniif akka akeektuuf jecha kitaaba xiqoo HND Tajaajila Seeraa baratootaatin (Kaampaasii Maazerwel) qophoofte kana yeroon eebisuu gamachuutu natti dhagahamaa.

Pirojectiin kun onnee kiyyatti dhihoo kanturee yoo ta'u ka'iitiin isaatis sababa hirmaannaa baratooni fi hojjetooni xaddacha ani abba alangaa tureeraati godhanirraa kan ka'e. Yeroo boqonnaa ani baratoota wajjin kan haasa'e yoo ta'u inni kitaaba xiqoo kanaaf yaada buurqa ta'eef. Yeroo sanirraa jalqabee fedhiin isaan waan kana walitti qabuuf qabaniin jajjabeechaa fi dinqisiifachaan ture. Duwwaa ta'uu irra, akeektuun tajaajila hawaasaatin bahe, kan qabatamaan afaan Ingiliffaatiin barreefame kan waa'ee Iskootilaand fi seerota ishii gorsa qabatamaan namoota yeroo jalqabaatiif gara biyya keenyaa dhufaniif odeeffannoo kennuun barbaachisa dha.

Jiruu biyya haara'aatti of simaachiissun kan nama rakkisuu fi burjaajessu yoo ta'u akeektuun barmaatilee fi seerri lafa sanaa akka salphaatti hin argamu. Akeektuun kun loogummaa balleessu fi hirmaattumma namoota kamiituu kan waggoota baay'e as turaniifis ta'ee kan guyyoota dhihoo darban dufan guddisuuf hojii gaarii guutuma Iskootilaand keessatti akka fakkitti kan fudatammuu dha. Baratootaa fi hojjetootaa qophii kitaaba xiqqoo kanaatiif hojii guddaa rawwataan galatoomu qabaan.

**The Rt Hon. Frank Mulholland QC**
Gargarsaa Gooftaa



# Qabiyyeewwan

**Maatii ............................. 6**
Walfuudhinsa .......................6
Wal Hiikuu...........................6
Itti Gaafatammummaa
Maatii .................................6
Miidhaa Mana Keessaattii .....7
Ulfaa Ta'uu fi Ulfa
Addaan Kutuu ......................8
Jeequmsa Kabajaan
Walqabate ..........................8
Dhaqiina qaba Dubartoota....8

**Seera Mana Keessaa .....10**
Alkoolii ..............................10
Sigaaraa Aarsuu ................10
Heeyyama Televiziinii...........10
Maallaqaa Liiqeenfachuu ....10

**Seera Daandii Irraa.......12**
Amala Faallaa
Hawaasummaa..................12
Ajeja Ummataa..................12
Balfeessuu .........................13
Bilginnaa Ifattii...................13
Dhaabuu fi Sakata'uu .........13
Daandii Miilaa Fayyadamuu ... 13

**Seera Konkolaattotaa...15**

**Seera Bakka Hojii..........18**


**Miidhamtoota Yakkaa - Yakkoota Iskootilaand Keessattii ...................... 20**
Reebamuu .........................21
Qawwee ............................21
Meeashaa Waraanaa ..........21
Yakka Saalqunnamtti ..........22
Sagaagalummaa ................22
Yakka Jibbaa.......................23
Daddabarsa Namaa Kan
Seeran Alaa .......................24
Baala Adoochituu ...............24
Mallaqa Dheefsisuu ...........24
Hanna ...............................25
Miidiyaa Hawaasummaa .....25
Gara Jabeenya
Bineensotaarrattii................25

**Gargaarsa Namoota Yakkaan Miidhamanii: ................ 26**

**Waakkannaa Seeraa Qabeessa........... 28**



# Maatii



# Maatii

## Walfuudhinsa

Namiin kamiyuu kan waggaa 16 fi isaa ol ta'aan fuudhuuf/heerumuuf ni danda'aan. Kunis kan saala faalla ta'anii fi saalan walfakkatan ni qabata.

Yeroo tokkotti nama tokkoo ol fuudhuun Seeran ala.

## Wal Hiikuu

Wajjiin jirachuu itti fufuu yoo hin barbaanne ta'e haala beekkama ta'een wal hiikuu ni danddeechu. Haalli kunniin kan of keessatti qabatan sagaagalummaa, amala sababa hin qabne ykn yeroo muraasaf yoo kophaa jiraattani dha.

## Itti Gaafatammummaa Maatii

Nama itti gaafatamumaan ittii dhagahamuu fii daa'ima keessan kan balaarra eegdan ta'uu qabdan. Maatiin daa'ima isaanii manattis ta'ee eessattuu yeroo kamiiyyuu kophaa dhiisuu hin qaban, too'anna isaani jala ta'uu qabas. Daa'imni waggaa 16 gadi ta'e manatti halkan qophaa dhiifamuu hin qabu.

Daa'ima keessan ykn kan isin guddistan yoo rukuttan mana murtiitti ni himatamtu. Keessattu yoo daaa'ima keessan mataa keessa dhooftan, yoo raaftan ykn waan ta'een rukkuttan seera cabsitan jechuu dha. Daa'ima keessan rukutuun qaamas ta'e samuu isaani kan cabsu yoo ta'u jiruu isaanii fuulduraa keessatti miidhaa irraan gaha.

Waagga 5 irra jalqabee daa'ima keessan gara mana barumsaa erguu qabdan: kun seera yoo ta'u kana gochuu dhabuun yakka. Haala idilee ta'een daa'imni yoo barumsa kan hin hordofne ta'e, maatiin mana seeratti ni himatamu. Kuni kan murtaa'u sadarkaa hirmaanaa fi haala mana keessaa irratti hunda'etti.

## Miidhaa Mana Keessaattii

Miidhaan mana keessaa kan jedhamu yoo namni tokko kan biro walitti dhuffenya qaban (ykn rafiinsaan) irratti miidha geesise. Namoota saalaan wal hin fakkaanne ta'uu akkasumas mana tokko keessa wajjin jiraachu hin barbaachisu. Dhiiralees ta'ee dubartoota miidhan mana keessaa irra gahuu danda'a. Kan hammatus miidhaa dhiirarra dubaraan gahuu fii miidhaa namoota saal tokko ta'anii wajjin jiraatan ykn wajjin turani dha.

Yakkoon miidhaa mana keessaa jedhamanii ibsaman bal'aa yoo ta'an kan of keessatti qabatanis miidhaa qaamaa, saal-qunnamtti, hamilee fi samuu faa'i. Poolisiin miidhaa mana geessatti gosa hundaatu akka dhimma gudaatti duursee kennaf. Hanga danda'ametti, dhimii gabaasame kamiiyyuu poolisin hatattamaan akka deebii kennuf mirkaneesa. Hojiiin inni jalqabaa poolisiin miidhaa mana keessatti irratti hojettu raawwatu miidhamtootaa fi maatii isaanii yeroo sanatti nagayummaa isaanii eegu dha.

Ragaa gahaan yoo jiraate, namni itti gaafatamaa ta'e too'annaa jala ooluudhaan mana murtiitti dhiyaata.



## Ulfa Ta'uu fi Ulfa Addaan Kutuu

Odeeffannoon ulfaan wal qabate **www.readysteadybaby.org.uk** irratti argama ykn 111 bilbiluudhaan kallatiidhaan NHS qunamuu dandeechu.

Ulfa taatanii yoo itti fufuu kan hin barbaanne ta'ee fi addaan kutuu yoo barbaaddan hatattamaan gorsa fayyaa argachuu qabdan.

## Jeequmsa Kabajaan Walqabate

Jeequmsi kabajaan walqabate kan jedhamu jecha yakka ykn walitti bu'iinsa kabajaa maatii fi/ykn hawaasaa eegsisuuf jecha dhaqabe ykn, dhaqabaa jiraate ibsu dha. Yeroo hundas ta'uu baatu, baay'inaan kan dhaqabu maatiidhaan ykn hawaasaan dubartii fi shamarraan irratti kan raawatamu dha.

Qaamonni 'yakka kabajaa' kana raawwatan baay'inaan kan kana godhaaniif miidhamtoonni gocha maatii ykn haawaasa saalfachiisu raawatanii jiru jedhanii waan amananiifi. Poolisiin gabaasa yakka kabajaan walqabatee godhame kana ulifatiinaan kan ilaalu yoo ta'u qorannaanis gadi fageenyaan ni geggeessa.

Dirqisisaa Fuudhaafi heerumni yaakka kabajaan walqabatee yoo ta'u Iskootlaanditti fuudhaa fi heerumaa dirqamsiisuun ykn dirqamsiisuu yaalun yakka.

## Dhaqiina qaba Dubartoota

Dhaqiina qaba dubartoota (qaama 'saalaa dubaraa muruun') adeemsa qaama saalaa dubaraa sababa yaalii fayyaatii ala ta'een madeesuu ilaalata. Gochi isaa yeroo rawwatamufi erga raawatamee booda, baay'ee dhukkubsaa kan ta'ee fi rakkoo fayyaa dhaabataa geesisa. UK keessatti gochi akkasii seeran ala. Dhaqiina qaba dubartoota biyyaan alattis akka raawatamu haala mijeesuun seeran ala.



# Seera Mana Keessaa



# Seera Mana Keessaa

## Alkoolii

Iskootilandii fi Yunaayitid Kingidam keessatti alkooliin kan gorguramu bakka hayyama qabu qofatti yoo ta'u kan bitamuu danda'us nama umriin isaa 18tiin ykn ol ta'e qofaani.

Nama umriin isaa 18tti gadi ta'eef alkoolii bituun ykn bituuf yaaluun yakka. Nama umriin isaa 18tti gadi ta'eetti alkoolii gurguruun yakka.

Umriin keessaan 18tii ol ta'uu mirkaneessudhaan fi alkoolii bitachuu dandeechu. Kunis barruu heeraa kan akka waraqaa eenyummaa, ykn paaspoortii ykn heeyyama konkolaachisummaa mul'isuudhaan ta'a.

## Sigaaraa Aarsuu

Sigaara fi oomisha tamboo biraa bitachuuf umriin keessan waggaa 18 ta'uu qaba. Bu'aawwan tanboo kan ta'aan sigaaraa, tamboo harkatti qabatanii fi tamboo alanfatamuu faa'i.

Bakka ummanni baay'een jiruu fi bakka hojiitti xuuxuun seeran ala ykn nama umriin isaa waggaa 18ti gadi ta'eef tamboo bituun seeran ala.

Yeroo hundaa tamboo suuqiidhaa bituu qabdan.

## Heeyyama Televiziinii

Mana keesan keessatti televiziinii ittiin waraabdan ykn sagantaa tamsaasa kalattii ittiin hordoftan yoo qabaattan heeyyama qabaachuu qabdu. TVn keessan yoo sagantaa hin fudhanne fi kan DVD ittin ilaaltan ykn tapha kompitaraa ittin taphattan yoo ta'e heeyyamni TV isin hin barbaachisu.

## Maallaqaa Liiqeenfachuu

Maallaqa kan liqeenfattan leqeenssa mirkaneefame irraa qofa.



# Seera Daandii Irraa




# Seera Daandii Irraa

## Amala Faallaa Hawaasummaa

Kun gocha namoota biraa irratti soda ykn sookkannaa'uu uumu ykn uumuu danda'uu dha.

**Faallaa Amalli hawaasummaa kan of keessatti qabatu:**

- Waca
- Amala jeequmsaa kan akka iyyuu, abaarsaa fi lolaa
- Olla fi kan biro sodaachisuu
- Jechaan nama xuquu
- Amala namootni biraa, fakkkeenyaaf jaarsaa fi qaam-dhabeeyyii, akka sodaatanii fi jeeqaman godhuu
- Balfa mana ofii karaa, bakka uummanni williin itti fayyadamuu fi dallaa keessatti jigsuu
- Meeshaa caccabsuu




## Ajeja Ummataa

Dhimmoota armaan gadii kana iddoowwan fayadama ummataatti raawachuu hin qabdan:

- Daandirraatti ykn bakka fayyadama ummataa irratti alkoolii dhuguu; daandirratti alkooli dhuguun bakka baay'eetti seeran ala
- Garee/gumii guddaa walitti qabuu: kun akka jeequmsaatti ilaallamu waan danda'uuf hafuu qaba.
- Iyyuu, jeequu fi arrabsuu uummata fuulduratti
- Namoota biroo jeequu ykn amala miidhaa mul'isuu

Amaloota haala keenniin mul'isuun poolisiidhaan qabamuu fi mana murtiitti dhiyaachuu namarraan gaha.

Yoo poolisiin kan isin qabe ta'ee, isaaniin walii galuun isin irraa eeggama.

## Balfeessuu

Yoo balfa kan darbitan ta'e addabii murtaa'ee kan isin kafalchiisu yoo ta'u isa yoo kafaluu baattan kafaltiin isinitti dabalama. Balfa baay'inna qabu badheetti darbuun dhimma jabaa yoo ta'u kana gootanii yoo argame addabbii maallaqa gudda akka kafatan isin taasisa.

## Bilginnaa Ifattii

Kun ammala yoo bakka namni nama hin agarretti raawwaatame seera qabeessa ta'ee yoo ummata fuulduratte ilaallamaa raawwatame yakka ta'uu dha. Amaloonni saalaa uummata fuulduratti raawwatamu ykn qaama dhuunfaa ofii ifatti mul'isuun yakka.

## Dhaabuu fi Sakata'uu

Poolisinn yoo isin irraa shakkii qabaate fakkeyyaaf baala adoochituu, meeshaa waraana ykn meeshaan hattame harka keessan jira jedhee yoo shake isin sakata'uu danda'a.

## Daandii Miilaa Fayyadamuu

Nagaa keessaniif jecha daandii namni miilan deeman akka fayyadamtan gorfamtu. Bakkaa ifaan tiraafika jirutti achiin karaa cehuu qabdu. Iskootilaand keessatti dandii konkoolaataa alaa dandii kmiyuu deemuu dandessani.

# Seera Konkolaattotaa




# Seera Konkolaattotaa

**Yakki tiraafikaa kan karaa irraa kaniini:**

- Erga balaan dhaqabee booda dhaabuu dhiisuu
- Harrittiin
- Dhuganii ykn adoochituu fudhatanii konkolaachisuu
- Of eegganoo dhabuudhaan ykn konkolaachisummaa hamaa irraa kan ka'e nama ajjeesuu
- Konkolaachisummaa hamaa
- Bilbila moobaayilii fayyadamaa konkolaachisuu
- Of eegannoo malee konkolaachisuu
- Inshuraansii motoraa odoo hin qabaanne konkolaachisuu
- Heeyyama malee ykn eraga heeyyama haqameen konkolaachisuu
- Ibsaa diimaa darbanii konkolaachisuu
- Qabattoo malee konkolaachisuu
- MOT dhaan ala konkolaachisuu
- Odoo konkolaataan rakkoo qabuu konkolaachisuu

Yoo yakkoota kanneen kamiyuu raawwatan maalaqaan adabamuu, qabxii adabbii argachuu, akka hin konkolaachisine dhoorkamuu, ykn sadarkaa yakkaa irratti hundaa'udhaan hidhamuu dandeechu.


Qabxiin adabbii sadarkaa yakkaa irratti hundaa'uudhaan kan heyyamma kessannirratti waggaa waggaan baraa'u dha. Waggaa 3 keessatti qabxiilee 12 ol yoo argattan yoo xiqaate ji'a 6f heeyyamni konkolaachisumaa keessan ni dhaabama. Qormaata fudhattan kan darbitan wagaa lamaan dura yoo ta'e qabxii 6n qofa heyyamni konkolaachisumaa keessanii haqamuu danda'a.

**Iskootilaand keessatti konkolaachisuu yoo barbaaddan wantoota armaan gadii kana isin barbaachisa:**

- **Heeyyama yeroon isaa hin darbin:** Iskootilaand ykn UK keessatti iddoo kamiyuu konkolaachisuudhaaf umriin keessa yoo xiqaate 17 ta'uu fi qormaata konkolaachisummaa barreefamaa fi shaakallii darbuu qabdu. Heeyyama biyya biraa qabatanii gara Iskootilaand dhuftan yoo ta'e ji'oota 12f ittiin konkolaachisuu ni dandeechu, yoo yeroon irra hin darbin. Ji'a 12 booda qormaata UK fudhachuudhaan konkalaachisuu itti fufuu dandeechu.
- **Gibira Daandii:** gibira konkolaataa keessanii osoo hin kafallin konkolaachisuun seeran ala.
- **Inshuraansii:** konkolaataa inshuraansii hin qabne konkolaashisuun seeran ala. Imaammata insuraansii keessanii ilaaludhaan isinis ta'ee namni biraa inshuraansii qabaachuu isaa mirkaneefachuu qabdu.
- **MOT:** MOT waraqaa raga konkolaataan keessan daandirraa deemuuf ragasuu dha. MOT malee konkolaachisuun seeran ala.

Iskootlilaand keessatti daangaan dhugaati konkolaachisaa hafuura baafanna ml100 keessatti alkoolii maayikrogiraama 22. Dhugaatii tokkoon booda daangaadha ol darbuu dandeessu. Borumtii guyyaa baay'ee dhugdanirrattis daangaadhaa ol ta'uu dandeessu. Iskootilaand keessatti namoonni guyyaa konkolaachisan goonkumaa hin dhugan, yoo guyyaa itti aanu kan konkolaachisan ta'es dugaatii isaanii ni hir'isu.

Gommaan konkolaataa keessanii hunduu sirrii ta'uu qabu. Gadi faggeenyi gommaa hanga seeran taa'e gadi bu'uu hin qabu, innis konkotaataadaaf mm1.6 dha.





# Seera Bakka Hojii



# Seera Bakka Hojii

Mindeefama jechuun akka walii galaatti qaamni qaxare hojjetaan hojii akka raawwatuuf jecha kan kafaluuf waliigaltee jechuu dha. Walii galteen kun kan ta'u barreefamaan ykn jechaani.

**Mirga keessan kan bakka hojii:**

- Guyyaa jalqabdani irraa eegale ji'a 2 keessatti ibsa waa'ee hojii bareefamaan argachuu.
- Miraga kafaltii fudhattan hundaaf nagahee argachu.
- Mirgaa kafaltii xiqaa kan biyyoolessaa argachuu.
- Kafaltii keessan irraa seeraan ala akka hin hirrisamne mirga qabdu.
- Mirga kafaltii guyyaa ayyaanaa argachuu, namoota yeroo guutuuf mindeefamaniif waggaatti guyyaa 28. Namoonni yeroo muraasaas hanga walmadaaluuf mirga qabu.
- Dubartiin mirga kafaltii yeroo boqonnaa dahumsaa argachuu qabdi, abban warraas ni qabu.
- Akka loogiin isinirraa hin geenye mirga qabdu.
- Waggaa lamaaf achi kan hojjetan taanan, yeroo hojii irraa ari'amtan, sababa isaa bareefaman ibsa argachuu mirga qabdan. Yaa ta'u malee hojjettuun ulfi ykn boqannaa dahumsaa irra jirtu hanguma fedheeyyi yoo achi kan hojjette mirga barreefamaan ibsa argachuu qabdi.
- Waggaa lamaaf achi kan hojjetan ta'ee seeran ala hojiirra yoo ari'amtan kafaltii beenyaa argachuu mirga qabdu.
- Hojjetootni yeroo muraasaa akkuma hojjetoota yeroo guutuu mirga walfakkatu qabu.

Kaniin keessa kan isin ilaalatu jiraachu isaa yoo mirkaneeffachuu barbaadan, kan armaan gadii quunamma:

- Biiroo Gorsa Lammii karaa weebsaayitii **www.cas.org.uk** ykn Biiroo naanno keesaniitti bilbilaa
- Gargarsaa, Mariyachisaa fi haararsaa Tajajilaa dabalataan (ACAS) jedhamee kan beekamu karaa **www.acas.org.uk** ykn bilbila 0300 123 1100.



# Miidhamtoota Yakkaa

# -

# Yakkoota Iskootilaand Keessattii



# Miidhamtoota Yakkaa

Namni kamiiyyuu yakkaaf miidhamuu danda'a - umrii, gosta ykn saalaan odoo adda hin bahin. Miidhamaa jechuun nama kamiiyyuu kan qaaman, ilaalchaan ykn maallaqaan yakki irra gahee dha.

Yoo yakki isinirratti hojjetame namatti himmuu sodachuu hin qabdan: hatattamaan namatti himuun, hatattamaan waan isinirratti raawatamu kan daabdanii fi gargaarsa kan argatnii ta'a. Kun miseensaa maatitti himuu irraa hanga poolisiitti haasa'uu gaha.

Akka nama yakkaan miidhameetti mirga, odoofannoo waa'ee dhimma keessanii fi gargaarsa argachuu qabdu. Qaama dhimma keessan hordofu hundaan, kabajaafi haalan qabamuu mirga qabdu yoo dhimmi kara mana murtii dhufes ta'e.

Yoo isin Iskootilaand keessatti yakkaan midamtan, ykn nama yakki irra gahe kan beektan ta'e, waajjiroonni gargaarsa fi gorsa kennan heddutu jiru, gariin isaanii kafaltii malee bilbiluufii danda'ama. Baay'een isaanii iciitiidhaan qabu. Akka ofitti amanummaa deebitanii argattan kan isin gargaaranii fi akka jiruu keessan isinitti tolu godhuu. Waajjiroota kaniin keessa hangi muraasa ta'e duuba kitaaba xiqaa kanaarratti tarreefamanii jiru.

# Yakkoota Iskootilaand Keessattii

## Reebamuu

Reebamuu reebicha nama tokkoon kan biraarratti raawatuu dha. Baay'inaan kan baratame reebamuu qaamatiini. Reebichi kun seeraan reebamuu jedhamee akka hin mul'annef jecha osoo hin madeesine raawatamuu danda'a. Reebichi harkaa fi miila ykn meeshaa waraana kan akka ulee, galii ykn halbee fayadamuun raawatamuu danda'a. Yoo namni wahii isinirratti tufe ykn saree isaa isinirra gochuuf yaale reebamuu jalatti ramadama.

Reebamuu dallansuu dhaan raawatame yakkicha hamaa godha. Reebamuu karaa hedduun dallansuu ta'a, fakkeenyaaf, meeshaa waraana fayyadamuudhaan; maanguddoo ykn daa'imarratti yoo ta'e; ykn yoo gochichi mana ofii keessatti kan raawwatu ta'e.

## Qawwee

Iskootilaand "aadaa qawwee" hin qabdu. Iskootilaand keessatti yoo heeyyama qabaate qofa qawwee qabachuu dandeecha. Heeyyama malee qawee qabatanii argamuun yakka guddaa yoo ta'u adabbii hidhaa fiduu danda'a.

## Meeashaa Waraanaa

Meeshaan waraanaa wantoota miidhaa geesisan yoo ta'an kan akka halbee fii qawwee of keessatti qabatan.

Meeshaa waraanaa, keessattu halbee, bakka ummata baay'etti qabachuu hin qabdan. Adabbiin guddaan halbee qabatanii argamuu hidhaa woggataa 5tti.

Rukkuttaatti yoo hirmaattanii namni wahii halbeedhaan waraannamee du'e hidhaa umrii guututu isniitti murtaa'a. Isin nama halbee san fayyadame yoo ta'uu baatanis garuu nama rukkuttaa sanitti hirmaate keessaa kan halbee fayyadame akka jiru yoo beektan murtii kana argachuu dandeechu.

## Yakka Saalqunnamttii

Dirqisiisanii gudeedun kan raawwatamu yoo namni tokko nama biraa wajjin fedhii isaa malee saal-qunnamtti raawate. Namni kamiiyyuu dirqiidhaan gudeedamuu danda'a. Saala, umrii ykn halluu qaama keessanii hundaa'ee kan raawatamuu miti. Dirqiidaan gudeeduun namoota wal lolan, hiriiyoota ykn maatii giduutti akkasumas bultii keessati raawatamuu kan danda'u dha.

Iskootilaanditti umriin saal qunnamtii fedhii ofii waggaa 16.

Qaama biraa fedhii isaa malee hojii saal-qunnamttii keessatti akka hirmaatu gochuun yakka.

Qaama biraa saal-qunnamtiidhaan dhiibba irratti gochuun, nama kamiifuu, dhiiras ta'ee ykn dhalaa, yakka.

Yoo miidhaa saal-qunnamtiidhaaf kan saaxilamtan ta'e gargaarsaa fi gorsa ejensii armaan gadiitii ni argattu:

- **Balaa Gudeeddaa Iskootilaand** – 08088 010 302
- **Gargaarsa Miidhamtoota Iskootilaand** – 0345 603 9213
- **Poolisii Iskootilaand** – 101 (kan hatattamaa alaa) 999 (kan hatattamaa)

## Sagaagalummaa

Sagaagalummaan akka bizinasiitti ykn kafaltii fi fayidaa biro fudhachuun saal-qunnamttii raawachuu jechuu dha. Namoonni sagaagalummaatti hirmaatan ta'ee kan saal-qunnamtti bitachuu barbaadan lamaanu seeran himatamu.



## Yakka Jibbaa

"Yakka jibbaa" kan jedhamu yakka nama ykn qabeenya irratti raawwatamu ta'ee innis aarii ykn jibba garee eeggamu tokkoratti qabu irraa kan ka'e ta'a.

**Sababa armaan gadiirraa kan ka'ee rakkoo keessa seene jira jittanii yoo kan yaaddan ta'e yakka jibbaa jala jirtu:**

- Gosa
- Amantii
- Fedhii
- Eenyummaa saala jijjiirraa
- Qaam-miidhamuu

**Yakka jibbaa gosa heddu qaba, kan qabatanis, kanneen qofa odoo hin ta'in:**

- Ajjeechaa
- Rukkutaa qaamaa
- Qabeenya barbadeessuu fkn. Gaammoo irratti barreessuu, mana namaa gubuu, caccabsuu
- Ammallota sodaachisuu kan akka jechoota bilginnaa billibilaan ykn mallatoodhaan arrabsuu
- Xalayootaa, barreeffanootaa, poostarii nama aarsan
- Jechaan nama arrabsuu ykn maqaa waamuu dabalatee
- Oonlaayinii dhaan nama jeequ fi arrabsoo

**Gocha miidhaa kan hatattamaa hin ta'in poolisiitti gabaasu dandeechu:**

- Dhimma hatatamaatiif **999** ykn kan hangasi hunda ariifachiisa hin taaneef **101** bilbiluu
- Gama onniliyinittiin, Weebsaayitii Poolisii Iskootilaand irratti uunkaa yakka jibinsa ittiin gabaasaniin fayadamuu ykn gama Gabasa sayiitii Qama sadaffatiin **http://www.scotland.police.uk/contact-us/hate-crime-and-third-party-reporting/**

## Daddabarsa Namaa Kan Seeran Alaa

Daddabarsi namaa kan seeran alaa yakka yoo ta'uu baay'inaan sagaagalummaa, adoochituu fi maallaqa fageessuu wajjini wal qabata. Namoonni seeran ala dabarsamana sababa godaantummaa fi sadarkaa qabeenya isaanii irraa kan ka'e middhama adda addaatiif saaxilamu.

Miidhaan seeran ala daddabarusumma narra gahe jettanii yoo yaddan qaama dhima kana hubachiisuu iratti hojjetu (TARA) bilbila 0141 276 7724 qunamaa.

## Baala Adoochituu

Baala adoochituu fudhachuun fayyaa keessan miidhuu fi du'a fiduu danda'a.

Seeran adoochituu lamatu too'annaa jala jira: tokko yeroo hundaa seeran ala kan ta'ee (fkn. kaanabis, heeroyin, ekistaasi, kihat, kkf) fi tokko immo dookitarraa irraa yoo isinii barreefame mallee seeran ala kan ta'ani (fkn. Morfaayin, metaadon, kkf).

Adoochittu too'anna jala jiran qabatanii argamuun ykn nama biraatiif dhiyeessun seeran ala. Adoochituu kan dhiyeesitan yoo ta'e hidhamuu dandeechu.

Muka kaanabis ofii magarsuun ykn kan namni biraa magarse kunuunsuun gocha seeran alaati.

Sochii adoochituu too'ana jala hojjechuu keessatti hirmaachun yakka.

Wantootni Saaykoaktiive haarawa ta'an kan "legal highs" jedhamanii beekaman balaafama waan ta'aniif fudhachuu hin qabdan. Yoo wantoota kan nam biraatiif dhiyeesitan, seera cabsitan jechuu dha.



## Mallaqa Dheefsisuu

Maallaqa gocha yakkaa irraa argame qabachuun ykn itti fayyadamuun yakka.

## Hanna



Hanna jechuun qabeenya nama tokko karaa dogongora ta'ee fi heeyyamma isaa malee fudhachuu yoo ta'u kunis yakka. Fakkeenyoonii isaanii:

- Suuqii keessaa hatuu (hanna suuqii)
- Mana cabsanii seenuu (cabsa manaa)
- Meesha dallaa namaa keessa fuudhuu
- Hanna konkolaataa

Meeshaa hannaan argame ykn hannan dhufuu isaa beektan harkatti qabattanii yoo argamtan kunis hanna yoo ta'u kun gara ofiitti jijiirachuu jedhama. Hannii barbaadudhaan raawatames seera Iskootsiin yakka.

## Miidiyaa Hawaasummaa

Yakki miidiyaa hawaasumaa kan qabatu ergaa fi/ykn fakkiiwwan sodaachisa ykn arrabsoo gara nama biraatti Twitter, Facebook fi miidiyaa hawaasumma biraatiin godhamu dha. Gochi akkasii dubbii midhaa qabu, yakka saalaa ykn, yeroo tokko tokko, yakka jibbinsaa jalatti qabamuu danda'a.

Dhimoota akkasii poolisitti gabaasuu kan dandeechan yoo ta'u diriirsitu miidiyaa hawaasichaattis gabaasu dandeechu. Ergaa yaakkaa balleesuudhaan ykn akaawuntii nama yakka hojetee cufuudhaan furmaata kennu danda'u.

## Gara Jabeenya Bineensotaarrattii

Bineensota dhukkubsuun ykn miidhuun yakka.

**Yoo horii qabaatan wantoota kana raawachuu qabdu:**

- Naannoo mijaawaafi qulqulluu ta'e dhiyyeessu
- Siree qulqulluu fi haalan eegamee dhiyeessuu
- Nyaataa fi dhugaatii barbaachisu dhiyeessuu
- Kan dhukkubsatan ykn madaa'aniif kunuunsa kennu

# Gargaarsa Namoota Yakkaan Miidhamanii:

**Poolisii Iskootilaand (Police Scotland)**
Bilbila: 999 (kan hatattamaatiif)
Bilbila: 101 (kan hatattama hin ta'iniif)
Weebsaayitii: **www.scotland.police.uk**

**Kaawunsilii Boqattootaa Iskootish**
Bilbila: 0141 248 9799
Weebsaayitii: **www.scottishrefugeecouncil.org.uk**

**Gargaarsa Miidhamtoota Iskootilaand**
Bilbila: 0345 603 9213 ykn 0808 16 89 111
Wiixataa – Jimaataa 8am-8pm
Weebsaayitii: **www.victimsupportsco.org.uk**

**Balaa Gudeeddaa Iskootilaand**
Bilbila: 08088 01 03 02
Weebsaayitii: **www.rapecrisisscotland.org.uk**
Miidha saal-qunnamtii jiruu isaanii keessatti yeroo kam gaheefii tajaajila kafaltii malee gargaarsa iciitiin eegame kenu. Waajjirri Biyyoollessaa, 0141 331 4180, Wiirtuun Balaa Gudeeddaa naannoo keesanii akka isin gargaaru itti isin dabarsa.

**Gargaarsa Maallaqaa Dubartoota kan Iskootish**
Bilbila: 0131 226 6606
Weebsaayitii: **www.scottishwomensaid.org.uk**
Dubartoota miidhan mana keessa irra gaheef ykn irra gahaa jiruuf odeeffannoo, gargaarsaa fi bakka buqatoota gaarii kenna. Gareen hundinuu hojjetoota gargaarsa daa'imanii kan qaban yoo ta'u gargaarsa daa'imanii fi ijoolleedhaaf kennu.

**Sarara Daa'imaa kan Iskootilaand**
Bilbila: 0800 1111 (guyyaan sa'aa 24, torbanin guyyaa 7 banaa dha)
Weebsaayitii: **www.childline.org.uk**
Gargaarsaa fi gorsa daa'imaniif kenna.

**Biiroo Gorsa Lammiiwanii**
Weebsaayitii: **www.cas.org.uk**
Waa'ee mirgaa hundaa gorsa kenna. Weebsaayitiin kun akkamitti Biiroo Gorsa Lammiiwanii kan naannoo keessanii akka qunamtan gorsa kenna.

**The Samaritans**
Bilbila: 08457 909090
Weebsaayitii: **www.samaritans.org**
Namoota gargaarsi isaan barbaachisuuf madda.

**Gargarsa Sarara Miidhaa Mana Keessaa kan Iskootish**
Bilbila: 0800 027 1234 (sarara sa'aa 24)
Weebsaayitii: **www.sdah.org.uk**
Namoota miidhaan mana keessaa irra gaheefi odeeffannoo fi gargaarsa iciitiidhaan kennaaf. Bilbilli kafaltiirra bilisaa kun nagahee bilbilaa irratti hin mul'atu.

**Mana Jireenyaa**
Bilbila: 0808 800 4444
Weebsaayitii: **scotland.shelter.org.uk**
Odeefanno walii gala kan manaan walqabatu fi hatattamaan bakka baqatooni boqtan irratti kenna.




# Odeeffannoo dabalataatiis seera Iskootish ilaala:

## www.nclanarkshire.ac.uk/scotslaw

# Mariitti hirmaadhaa

Koolejjji Hara Laannarkishiree hordofaa:

facebook.com/NCLanarkshire

@NCLanarkshire

### Waakkannaa Seeraa Qabeessa

Odeeffannoo kitaaaba xiqoo kana keessatti walitti qabaman akka akeektuu walii galaatti kan fayyadan malee seera bal'a miti. Iskootilaand seera mataa ishii kan qabdu yoo ta'u qamaa UK biraarra addaa addooma qabaachu danda'a. Yoo gorsa seeraa barbaaddan abbaa seeraa ykn Iskootilaanditti Waajjira Gorsa Lammii qunamuu qabdu.

**Hubadhaa:** Odeeffannoon barreefama kana keessatti qabaman yeroo maxanfaman sirrii turan. Koolejjji Hara Laannarkishiree: Lakkofsa Galeemee Gargaarsaa: SC021206

New College Lanarkshire